**DOI: [https://doi.org/10.20372/jdq.v4i1.2125](https://doi.org/10.20372/jdq.v4i1.2125)**
**ISSN: 2521-8336 (Print) and 3005-7647 (Online)**
**Jornaalii Dilbii Qorannoo**
**Jor. Dilbii, Amajjii-Waxabajji 2026, 4(1): 13-40**
**Fuula Manaa: [https://journals.wgu.edu.et](https://journals.wgu.edu.et)**

Qorannoo Asilii

# Xiinxala Ergaa Weedduu Arrabsoo Durbaa Yeroo Fuudhaafi Heerumaa, Guddina Hawaas-Dinagdee Keessatti: G/W/Bahaa, Aanaa Jimmaa Arjoo Xiyyeeffate

Daawwit Shifarraa[1*], Tamasgeen Fiixee[2*], Taakkalaa Taarikuu[3*]

Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromoo, Yuunvarsiitii Wallaggaa, L.S.P. 395, Naqamtee, Itoophiyaa

**Axereraa**

*Qorannoon kun ga'ee weedduun arrabsoo durbaa yeroo fuudhaafi heerumaa guddina hawaas-dinagdee cimsuurratti qabu Aanaa Jimmaa Arjoo xiyyeeffachuun xiinxaluurratti kan adeemsifamedha. Kaayyoon qorannoo kanaa gahee weedduun arrabsoo durbaa guddina hawaas-dinagdee uummata aanichaaf qabu adda baasuun dhaloonni akka irraa baratu taasisuudha. Qorannichaaf malli qorannoo akkamtaafi gosti qorannoo ibsaa dhimma itti bahamaniiru. Madda ragaa tokkoffaafi lammaffaas hojiirra oolfameera. Od-himtoonni kan filataman tooftaa iddatteessuu miti carraatiini. Qorarattoonnis tooftaa akkayyoofi darbaan dabarsaatti dhimma bahuun dubartoota weedduu arrabsoo durbaa keessatti hirmaataa turan waliin afgaaffiifi marii garee gaggeessuun akkasumas cidhaarratti argamanii shamarran weedduu arrabsoo durbaa weeddisan daawwachuun odeeffannoo quubsaan walitti qabataniiru. Odeeffannoon funaanaman gara barreeffamaatti jijjiiramuun kanneen kaayyoo qorannichaa ta'an secca'amanii hiikni itti kennamuun xiinxalameera. Haaluma kanaan weedduun arrabsoo durbaa jala bultiirraa eegalee maatii gama lamaanuu biratti haala walfakkaataan kan adeemsifamudha. Weedduun arrabsoo durbaa sagantiicha miidhagsuun cinatti guddina hawaas-dinagdee hawaasaa tumsuuf kan gargaarudha. Haa ta'u malee yeroo ammaa weedduun arrabsoo durbaa dhiibbaa amantiifi aadaa halagaatiin dhabamsiifamaa jira. Haaluma kanaan Aadaa hawaasichaa bakkatti deebisuuf dhaabbileen qorannoo Oromoo kanneen akka waajjira aadaafi Tuurizimii, yuunivarsiitonniifi galmi aadaa Oromoo qorannoo gadi fagoo gaggeessuun tumsuu qabu. Manneen murtii aadaafi abbootiin Gadaa hawaasaaf hubannoo uumuun jajjabeessuun barbaachisaadha. Dabalataan mootummaan baajata dhimma kanaaf barbaachisu ramaduun haaromsa guddina aadaa sabichaaf ciminaan akka irratti hojjetu dhaamsa qorattoota kanneeniiti.*

**Article Information**

**Article History:**
Received: 15-12-2025
Revised: 22-03-2026
Accepted: 27-05-2026

***Jechoota Ijoo:*** *arrabsoo durbaa, ijaarsa hawaas-dinagdee, sirna fuudhaafi heerumaa, Weedduu*

**Qorataa Muummee: Daawwit Shifarraa*

*E-mail:*

*dawitshifara34@gmail.com*

Copyright@2024 Jornaalii JDQ, Yuunivarsiitii Wallaggaa. Mirgi Eegamaadha.

**1. Seensa**

Addunyaa kanarratti sirnoota eenyummaan saba tokkoo ittiin beekamu keessaa sirni fuudhaafi heerumaa iddoo olaanaa qaba jedhamee yaadama. Fuudhaafi heerumni gocha heera uumaatiin dhala namaaf kennamee dhiiraafi dubartiin tokko waadaa dhaabbataafi adda ta'e waliif galanii wajjin bultii ijaarrachuun ijoollee horanii guddisanidha (Sherif it.al,2008). Yaanni kun sirni fuudhaafi heerumaa addunyaa mararratti adeemsa saalli faallaan umurii dargaggummaarratti waliin bultii ijaarrachuun ilmaan kan horan mirga hiree murteeffannaa Waaqa biraa namaaf kennamu ta'uusaati.

Fuudhaafi heerumni dhaabbata hawaasummaa isa olaanaa uummanni ittiin walitti dhufu ta'uusaatu himama. Fuudhaafi heerumni dhala namaa dhaabbata olaanaa hawaasa addunyaa hunda keessatti mul'atuufi sanyii dhala namaa itti fufsiisuuf gargaarudha (Daaniyaa, 2006)fi Dirribii,2012). Sirni fuudhaafi heerumaa kun aadaafi duudhaa saba biyyicha keessa jiraatu ibsuu danda'uun miidhagee akka dhiyaatu kanneen godhan keessaa weedduun shoora olaanaa qabaachuusaa ragaaleen adda addaa ni ibsu.

Wedduun yeedaloo nama bashannansiisuun haala salphaa ta'een dandeettii ergaa dabarsuu qabaachuusaan cinatti dhaggeeffattoonnisaa haamilee jabaadhaan tumsa yaadichaaf onnatanii akka walcinaa dhaabbataniif kan gargaarudha (Fedhasaa,2013). Yaaduma kana tumsuun Daniela (2021) akka ibsetti sirbi yookiin weedduun hawaasummaa dhala namaa bakka hundatti argamuufi taatee jireenya naannoo keenyaa haala salphaan akka ittiin hubannuuf dhiibbaa guddaa kan uumudha jedhee jira. Yaada kanarraa kan hubatamu, weedduun meeshaa walii galtee dhala namaa sagalee muuziqaan qindaa'uun hawaasni seenaa, gammachuu, gadda, sodaa, dallansuu, waan dhabeef fedhii keessoo isaa ittiin ibsatu ta'uusaati. Qorattoota yaada kana deeggaran keessaa Finnegan (1970) weedduun dhimma yeroon walqabate, dhiibbaa siyaasaa, kaka'uumsaafi ilaalcha hawaasaa ibsuuf kan fayyaduudha jechuun yaadashee ibsitee jirti

Keessumaa uummanni Afrikaa dhiibbaa keessoofi alaan isa mudatu hundaafi roorroo jalaa miliquuf weedduutti dhimmi ba'uun waldammaqsuun ijaaramee waan fedhiisaaf tokkoomaa ture (Mtose & Xoliswa, 2011 and Niadou, 2025). Aadeffannaan uummata aadaan buluu sirna, dinagdee, bulchiinsaafi amantaasaa qabatee ciminaan fuulduratti tarkaanfachuuf weedduutti dhimma ba'ee jiruuf jireenya waloosaa tarkaanfachiisa. Afriikaa keessaa gosti Beroom Naayijeeriyaa keessa jiraatan weedduu sirna fuudhaafi heerumaan dhaamsa egeree misirrootaa cimsuufi imaanaa maatii

ijaaruu keessatti ga'ee isaan qabaachuuf deeman dhaamuuf weedduutti dhimma bahu (Datiyi,2023). Uummanni Zuluu Afriikaa Kibbaa, uummanni Senegaaliifi Gambiyaas ijaarsa hawaasummaa cimsuuf misirroota hubachiisuu, aadaa itti fufsiisuu, kabajaafi jaalala waloof waldammaksuu, itti gaafatamummaa maatii barsiisuuf ergaa dhokataafi ifa ta'een weedduun misirrootaaf dhaamu (Khayelihle and Bongephiwe, 2024).

Itoophiyaan biyya aadaa, dudhaa, safuufi sirna cimaa qabaachuun fakkeenyummaa qabdu akka taate ragaaleen adda addaa ni ibsu. Biyyi Itoophiyaa aadaa, seenaa, dudhaa, ayyaanotaafi sirnoota jajjaboo qabachuun biyya cimtuu gaanfa Afriikaati (Sindew and Beyene, 2025). Uummanni Oromoo naannolee Itoophiyaa keessaa saba bal'aa ilaalcha hundaga leessa, falaaasama, seenaa, dudhaa, safuu akka gareetti dagaagfate qabu ta'uusaatu ibsama. Oromoon aadaafi duudhaasaatiin wal ijaaree sodaa Waaqaan geggeeffamee, eenyummaasaa ijaarrata (Maammoo,2002). Yaanni kunis seerri aadaafi duudhaa Oromoo sodaafi kabaja uumaa giddu galeeffachuun kan tumame ta'uusaati. Yaaduma kana deeggaruun Gemechufi Surafel (2018) akka ibsanitti uummanni Oromoo sududa uumaafi uumeen sonaa'ee seenaa, safuu, dudhaa, ayyaanotaafi sirnoota qabus dagaagfata jechuun ibsanii jiru.

Aadaafi duudhaan Oromoo afoolaawwan adda addaa haala yeroo sanaa ibsuun ifa bahanii mul'atu. Oromoon Sirnootaafi ayyaanota raawwatatu afoolaawwan akka weedduu, geerarsafi jeekkarsaan miidhakfata. Afoola himamsa afaaniin aadaa, seenaa, eenyummaa, ogumaafi mudannoosaanii dhalootaa dhalootatti waliif dabarsaa as gahan (Asaffaa, 2009). Yaanni kunis Oromoo taateewwan jiruufi jireenyasaa keessatti dabarsu, cimina, laafina, gootummaa, lugnummaa, waan argate, waandhabeefi hawwu afoolaan dhalootaaf dhaamaa ijaarsa hawaas-dinagdeesaa cimsataa akka ture nama hubachiisa.

Weedduun dhimmoota adda addaaf kan weeddifamuufi calaqqisiiftuu jiruufi jireenya sabichaa ta'uusaatu himama. Uummanni Oromoo jiruuf jireenyasaanii keessatti raawwii sirnootaa yeroo gaggeeffatan, yeroo daboo, yeroo fuudhaaf heerumaa, yeroo du'aa, daadoo, mana ijaarsaafi yeroo ajjeesanii faachaan garmaaman weedduun yaada garasaanii ibsachuun ummata isaan faana jirus onnachiisu (Alamaayyoo,2007).

Weedduun Oromoo adeemsa hawaasichi walitti dhufee jiruufi jireenyasaa gaggeeffatu galmaan gahuu keessatti shoora olaanaa qabaachuusaatu himama. Adeemsa Oromoon jireenya waloosaa gaggeeffachuuf yeedaloo sagalee muuziqaafi jechoota wal unatoo ta'aniin qindeessee

akkaataa gurra dhaggeeffattootaatti tolutti bareechee waliif dhiyeessuun ergaa barbaachisaafi barsiisuu danda'u waliif dabarsudha (Hinseenee, 2010). Yaaduma kana deeggaruudhaan Richard, (1992) weedduun muuziqaafi yeedaloo gurra namaatti tolu kan of keessaa qabuufi walaloo gabaabaa tuuta jechootaa babbareedoon weeddifamuun ergaa dabarsu akka ta'e ibsee jira.

Weedduuwwan uummata Oromoo keessaa weedduun arrabsoo durbaa iddoo olaanaa qaba jedhamee abdatama.Weedduun arrabsoo durbaa sirna gaa'elaatiif weeddifamu mi'eessituu, si'eessituufi onnachiiftuu ta'uun ijaarsa hawaasummaafi imaanaa dhalootaa akka gonfataniif meeshaa ittiin dhaamsi darbu ta'uusaa qorannoon adda addaa ni ibsa.Weedduun arrabsoo durbaa sirna fuudhaafi heerumaa hawaasa keessatti miira namootaa ittiin ibsuuf, gahee namootni hawaasa isaaniif raawwatan ittiin ibsuufi amaloota hawaasa keessatti barbaachisoo hin taane qeequuf akka madda barnootaatti kan tajaajiludha. (Bukenya,1994).

Weedduun arrabsoo durbaa Oromoo sirna fuudhaafi heerumaarratti weeddifamu gama maatii warra walfuudhu lamaaniitiin qophiin adda addaa raawwatamee seera aadaafi duudhaa sabichaa hordofuun raawwatama (Tesfaayee, Darajjeefi Magarsaa 2026). Uummanni Oromoodhangii gaahilaarratti cimina, hanqina, mudannoo darbeefi akeeka fuula duraa weedduu arrabsoo durbaa dubbii dachaafi ciigoon dabaalameen ergaa waliif dhaama (Dafaa, 1974). Itti dabaluunis Fiixee (2006) akka ibsetti Weedduun arrabsoo shamarranii mana misirroota lammaniittuu kan geggeeffamu ta'ee garee ofii dhaadhessuun garee faallaa isaanii kan ittiin ceepha'an ta'ee ergaan dhaamamu cimina hawwaasummaa sabichaaf gahee ol aanaa qaba jechuun ibsee jira.

Kanuma bu'uura godhachuun qorannoon kun weedduun arrabsoo durbaa yeroo fuudhaafi heerumaa hawaasa G/W/B/A/J/Arjoo xiinxaluurratti kan xiyyeeffatedha. Weedduu kanaanis hawaasummaafi dinagdeesaa guddifachuuf kan ittiin walbarsiisaafi aadaaf safuusaa eeggataa ture ta'uusaa ragaaleen adda addaa ni ibsu. Haa ta'u malee aadaan weedduu arrabsoo kun hawaasicha keessaa badaa deemuun guddina hawaas-dinagdee sabichaarratti dhiibbaa geessisee jira. Ka'umsi qorannoo weedduu arrabsoo durbaa ilaalchisee qorannoon adda addaa kan hojjetaman ta'us, hawaasa aanichaa ilaalchisee bal'inaan qorannoon hojjetame hin mul'atu. Kun ammoo badaa deemuun weedduu arrabsoo kun akka ittuu babal'tuuf carraa kan uumaa jiu ta'uusaatiin aadaafi duudhaan akka baduuf daandiisaa bal'isaa jira. Haaluma kanaan

qorannoon kun weedduun arrabsoo durbaa hawaasa aanichaa haala kamiin akka gaggeeffamuufi gahee inni hawaas-dinagdee isaanii keessatti qabachaa ture qorachuun itti fayyadamnisaa haaromee akka bakkatti deebi'u gochuuf kan kaayyeffatamedha.

## 2. Malleen Qorannichaa

Qorannichi aadaa giddugaleeffatee geggeeffamuu isaatiin malli qorannoo mijataan filatame mala akkamtaadha. Malichi aadaa, seenaa, duudhaa, oguma, afoolaafi mudannoo hawaasaa gadi fageenyaan qorachuuf kan fayyadudha (creswell, 2009fi Oranga, 2020). Gosti qorannoo kanaaf dhimma itti bahame qorannoo ibsaati. Qorannoon ibsaa taatee aadaa hawaasaa keessatti raawwatu tokko gadi fageenyaan ibsuuf kan gargaarudha (Adi, 2023). Akkasumas qorataan fuula ifaan, fedhiifi dandeettiidhaan yaada odimtoonni qorannicharratti kennan bu'uureffachuun ibsa bal'aa akka argatuuf kan fayyadudha (Rahman, 2016fi Bogdan, 1992). Haaluma kanaan Weedduun arrabsoo durbaa fuudhaafi heeruma Oromoorratti geggeeffame kun maaliif akka raawwatu, yoomessa, falaasamasaafi ga'ee ijaarsa hawaas-dinagdeerratti qabu xiinxalamee xumura kan argate gosa qorannoo ibsaafi mala akkamtaanidha.

Qorannoo kanarratti malli iddatteessuu dhimmi itti ba'ames miti-carraadha. Kunis iddattees-suun miti carraa Odimtoonni dandeettii qabaniin filataman ragaa gabbataafi quubsaa qorattootaaf kennuun fiixaan ba'iinsa qorannichaaf gumaacha olaaanaa qabu (Brown, 2006fi Singh,2019). Iddattoo-miti carraa kana keessatti tooftaan ittiin odimtootarraa ragaan funaaname akkayyoofi darbaa dabarsadha. Tooftaawwan kunniin odeeffannoo jalqabaa nama beekamaa tokkorraa fudhachuun ragaa dabalataaf ammoo nama kan biraa iyyaafatanii odeeffannoo gabbataafi amansiisaa fudhachuuf kan gargaarudha (Noy, 2008, Berg, 2001 fi Discomb, 2007). Bu'uuruma kanaan tooftaalee kanneenitti fayyadamuun milkaayinasaaf hirmaattota odeeffannoo qabatamaa qabanirraa ragaa guurrachuun qorannichi kan hojjetamedha. Qorannoon kunis dubartoota dur weedduu arrabsoo durbaa weeddisanii darban gaafachuun, shamarran arrabsoo cidhaarratti hirmaatan daawwachuun hawaas-dinagdee sabichaa ilaalchisee ulaagaa gaahilaan dura qarreefi qeerroo tokkoof barbaachisurratti odeeffannoon funaaname qaacceffamee hiikamuun qorannichi xumurameera.

### 2.1. Meeshaalee Funaansa Ragaa Qorannichaa

Fiixaan bahinsa qorannoo kanaaf malleen funaansa ragaa keessaa Af-gaaffiitti dhimma bahameera. Afgaaffiin meeshaa funaansa ragaalee dhimma waan qorannu tokkoo ilaalchisee fuulaaf fuulatti, sagalee bilbilaatiin akkasumas suur-sagaleetti fayyadamuun gaaffii

afaaniitiin odeeffannoo argachuuf nama gargaarudha(woods,1997). Haaluma kanaan weedduu arrabsoo durbaa yeroo fuudhaafi heerumaa ilaalchisee maanguddoota argaa-dhageettiirraa afgaaffiitti fayyadamuun raga himtoota saddeet (8) irraa odeeffannoo guurrachuun danda’ameera.

Meeshaaleen funaansa ragaalee qorannoo kanaa kan biroon marii gareeti. Mariin garee mala qorannoo akkamtaa keessatti dhimma waan qorannuu ilaalchisee kan iddattoonni filataman walitti dhufuun odeeffannoo odimtoonni dhuunfaa isaaniitiin yaada laatan gadi fageenyaan xiinxaluun dhugummaasaarratti wal falmuun yaada dhugaa tokkorratti walii galanii ragaa quubsaa qorattootaaf akka kennaniif gargaara (Silverman, 2006). Haaluma kanaan odimtoonni marii gareef filataman bakka sadii(3)tti qoodamuun kan tokkoon tokkoon isaa namoota torba(7) of keessaa qabu walitti dhufanii mariyachuun yaadota adda addaa burqisiisuun waan qabatamaafi dhugaa ta’erratti walii galanii milkaaayina qorannichaaf gahee guddaa gumaachaniiru.

Meeshaan funaansa ragaa inni sadaffaan qorannoo kanaaf filatame daawwannaa yeroo gabaabaadha.Daawwannaan odeeffannoowwan afgaaffiifi marii gareetiin argaman dhugoo-msuuf dhimma waan qorannu ilaalchisee raawwilee raaawwataman qaamaan argamanii daawwachuun akkamitti, yoom,eenyuun akka raawwatuufi maal akka bakka bu’u adda baafachuun qorannoo ofii mirkaneessuuf oola (Öhlander, 2018).Yaaduma qorataa kanaa tumsuun Ankit (2022) fi Luise,(2020) akka ibsanitti meeshaan funaansa ragaa keessaa daawwannaan taatee raawwii tokkoo qabatamaatti daawwachuun ragaa Af-gaaffiifi marii gareen argame waliin waltumsuun qorannichatti xumura gochuuf kan fayyadu ta’uusaa ibsaniiru. Kanuma bu’uura godhachuun qorattoonni kunniin weedduu arrabsoo cidhaa yeroo garaa garaa lama (2) aanicha keessatti gaggeeffamerratti argamanii daawwachuun miira garee warra heerumsiifatuufi garee warra fuusituu biratti uumame qabatamaan hubatanii jiru.

Daawwannaa kana keessatti sababoota laafaa dhufuu duudhaa sabichaatiin weedduun jala bultii cidhaa akkaa aadaa hawaasichaa biratti baratameen kan adeemsifamaa jiru miti.Daawwannaa taasifame kanaan irra caalaatti weedduun arrabsoo durbaa kun guyyaa cidhaa karra abbaasaanii dhowwachuurratti yaada garaasaanii baasanii kan ibsataa jiran ta’uunsaa hubatameera.Qophii cidhaa gama lamaanuu keessatti weedduun arrabsoo yommuu weeddifamu gareen arrabsame kan hin mufanneefi haaloo walitti qabatanii hawaasummaa fuula duraafrratti yaaddoo kan hin uumnedha.Qorattoonni wayita daawwannaa kana gaggeessanitti dhiibbaa

ammayummaa, amantaalee adda addaafi aadaa bakka biraarraa hawaasichatti dhufeen weedduu arrabsoo durbaa ilaalchisee hanqinoonni akka weedduu amantaa waliin wal keessa makuu,qindoominni jechootaa harkaa babbaduun weedduu adda kukutuufi ergaawwan jechoota itti fayyadamanii adda haala ga'aadhaan ibsuu dhabuu kan mul'atudha. Kanaaf qorattoonni wantoota daawwatan kanneen afgaaffiifi marii gareetiin argatan wajjin walbira qabuun secca'anii xiinxala gahaa gochuun qorannoosaanii milkeessanii jiru.

## 3.Xiinxala Ragaalee: Weedduu Arrabsoo Durbaafi Guddina Hawaas-Digadee

### 3.1. Weedduu Arrabsoo Durbaafi Guddina Hawaasummaa

Weedduuwwan Oromoonni Maccaa jiruufi jireenyasaa keessatti dhimma itti bahu ergaafi faayidaa mataasaa danda'e qaba. Kanneen keessaa weedduun Arrabsoo durbaa yeroo cidhaa iddoo olaanaa qaba jedhamee abdatama. Weedduun arrabsoo durbaa Oromoota Godina Wallagga bahaa Aanaa Jimmaa Arjoo birattis haala ho'aadhaan kan gaggeeffamuufi hawaasichaaf madda beekumsaafi daandii ittiin dhaloonni waljala yaa'u akka ta'e odimtoota iddoo qorannichaarraa hubatameera.

Dubartoonni odeeffannoof filataman afgaaffiifi marii garee keessatti gaaffii gaafatamaniin haalota jireenya ofii keessatti dabarsaniifi kan fuula duraa kanneen akka kutannoo,miira yaaddoo,gammachuufi gadda ofii haala salphaan baasanii himachuuf kan kan hawaasni itti dhimma bahu keessaa weedduun arrabsoo durbaa isa ijoo ta'uusaa qorattootaaf himanii jiru.Yaanni odimtootaa kun kan inni nama hubachiisu,weedduu arrabsoo durbaa walhubannaan yaadaa hawaasa keessatti dabalu taasisa.Kan dogongore qajeelfamee,kan karaa sirriirra jiru jajjabeeffama.Adeemsa hawaasichi walirraa barachaa deemuun ittiin walqajeelchu kunis dhaloota dhufuuf fakkeenya ta'a. Haaluma kanaan weedduun Arrabsoo durbaa dandeettii walhubannoofi hawaasummaan uummatichaa akka guddataa deemuuf gahee guddaa qabaachuusaa qorannoo kanarraa hubachuun danda'ameera.

Weedduun arrabsoo durbaa osoo guyyaan cidhaa hin gahin gama misirroota lamaaniinuu Jala bultii cidhaarraa akka eegalee hanga gaafa cidhaa misirrichi hintala manaan gahatee misirrittii waliin seera abbaa manummaafi haadha manummaa raawwatanitti kan itti fufu ta'uusaa raga himtootarraa hubatameera. Keessumattuu dubartoonni marii gareetiif filataman akka ibsanitti weedduun arrabsoo maatii gama laanuu biratti jala bultii cidhaarraa jalqabuun isaa hawaasni dadammaqinaan gammachuu cidhichaarratti akka qophaa'u gochuurra darbee hireen walargaa

dargaggootaa akka uumamuuf carraa guddaa uuma.Kanaaf weedduun arrabsoo durbaa akka jalqabeen dargaggoonni bakka garaa garaa jiran achitti walgahuun sirba mormaa dhaabbatu.Achitti walqorachuun firaaf halagummaa adda walbaafatanii miira jaalalaa waliin dhamdhamatu jechuun qorattootaaf ibsani.

Yaada od-himtootaa kanarraa wanti hubatamu gama misirroota lamaaniinuu weedduun jala bultii cidhaaf dhaabbatamu walqoratanii walbaruun firaafi firooma horatanidha. Akka aadaa Oromootti firri walfuudhuun yookiin walitti sirbuun haraamuummaadha. Hawaasa kessaas nama baasa. Kanaaf, dargaggeessaafi dargaggeettiin bakka sirbaa weedduu arrabsoo durbaaf dhaabbatame kanatti wal qorachuun gan gosaan yookiin hidda dhiigaan tokko ta'an firooma firummaasaanii cimsatu. Kan firooma dhiiga hin qabne ammoo inni kaan hiriyummaadhaan fira walgodhata. Gariin ammoo jaalala waliin dhandhamachuun walkaadhimmatee waliin bultii ijaarrata. Haaluma kanaan weedduun arrabsoo durbaa akkaataa naannoon, ollaafi gosti waliin ijaaramee hawaasummaa cimsachuun tokkummaan jiraaatu dhaloota qaruufi hawaasummaan uummata naannoo sanaa akka guddatu gochuu keessatti shoora olaanaa qabaachuusaa qorannoo kanaan hubatameera.

**3.1.1. Weedduu Arrabsoo Qehee Warra Hintalaatti Arrabsamu**

Weedduun arrabsoo durbaa misirroota gama lamaanuu kan inni itti jalqabu wayita sagantichatti gudunfaa gochuuf qophiileen adda addaa si'aayinaan itti gaggeeffamudha. Dhiyaachuun cidhasaanii misirrittiifi maatiisheef akkasumas hiriyoota isheetiif yaaddoo akka qabu odimtoonni afgaaffii gaafatamaniin qorattootaaf ibsaniiru. Yaada Odimtootaa kanarraa kan hubatamu maatiin misirrittii dhallisaanii dadhabanii guddisaniifi jiruuf jireenyasaanii tarkaanfachiisaa turte halagaaf kennuu isaaniitiif yaaddootu itti dhufa. Addooyyeen misirrittii heerumtu ammoo hiriyaa jireenyaa waliin dabarsiterraa adda bahuusheetti gadditi. Akkasuma misirrittiinis maatiisheefi hiriyootashee hicciitii jiruuf jireenyaa waliin dabarsitee guddatteefi durbummaafi maatiisheerraa adda baatee mana ormaatti adeemuu akka yaaddoftuufi quuqqaa keessashees kan ittiin ibsattu ta'uusaa nama hubachiisa.

*Sinbira baallee girrisaa*
*Maalittan beekaa biyyasaa*
*Qalee wal nyaataa firrisaa*

Walaloo weedduu arrabsoo kana keessatti bakki misirrittiin itti heerumtu isheef haaraa ta'uufi firoonni misirrichaa hawaasa keessa jiraatan waliin kan wal hin jaallanne, kan waliif hinnaane, kan waliif hin galle ta'uusaanii

qeeqxi. Weedduu kana keessatti amalli hortee misirrichaa akkas osoo hintaane hawaasummaa isaan uummata naannichaa biratti qaban kan namatti hintolle yoo ta'e jireenyasheerratti dhiibbaa akka fidu quuqqaa qabdu ibsatti. Haalli kun maatiifi gosti misirrichaa hawaasa keessatti walii galtee horatanii misirroo isaan bira dhaqxu gammachuudhaan akka simataniif daandii saaqa. Kanaaf, ergaan weedduu arrabsoo kanaa uummata keessa jiraatan wajjin waliigaltee jabaa qabaachuun jaallatamummaafi hawaasummaan isaanii akka guddatuuf dhaloota barsiisuu keessatti gahee guddaa qabaachuu isaa nama hubachiisa.

*Ilma haadha yaabuu girrisaa*
*Abbaa gargaaruu girrisaa*
*Wadala kooruu girrisaa*
*Bakara sooruu girrisaa*
*Maalittan beekaa biyyasaa*
*Qalee walnyaataa firrisaa*

Walaloon weedduu arrabsoo kun gurbaan fuudhaaf qophiirra jiru nama jireenyasaaf dantaa hin laanne, nama hojii hiikee oliif gadi jooraa oolu, nama akka wadala harreetti oliif gadi deemee gaana barbaadu ta'uusaa qeeqxi. Kanaaf amala akkasii qabatee ishee fuudhuu dhaqa taanaan bakaraan akka waraanamu akeekkachiisuushee od-himtootni yaadasaanii ibsanii jiru. Yaadaa weedduu arrabsoo kanaarraas kan hubatamu, akka aadaa hawaasa naannichaatti akkuma qarreen durbummaa isheetiin beekamtu dargaggeessi ammoo qeerrummaa isaaatiin beekama. Dargaggeessi osoo hin fuudhin dura tattaaffachuun horee bobbaasee qotee dilbii galchuu dhiisee halalee ta'ee gandarra deema taanaan hawaasaan jibbama. Fudhatamummaafi kabaja inni hawaasa keessatti qabu gadi bu'aa ta'a. Kana malees fira waliin walquunnamtii saalaa raawwachuun haraamuu ta'uu agarsiisa. Haraamuun jireenyisaa ol hin adeemu. Dhallisaa hin guddattuufi. Kanaaf weedduun arrabsoo durbaa dargaggeessi tokko osoo fuudhatti hin seenin jabaatee hojjetatee kuufachuufi aadaaf duudhaa saba ofii kabajuun hawaasummaa namaa akka guddisu gochuu keessatti shoora olaanaa qabaachuusaa nama hubachiisa.

*Dinbiilal gibee kaballaa lamaa*
*Haadhoon soddeekoo qinxiraamnishee*
*Qaxxaalaa qabaa akka maatabaa*
*Siiksee fooricee wal jalaa qabaa*

Weedduun arrabsoo kun obboleettiin misirrichaa akka dhaqna hin qabanne qeeqa. Akka aadaa hawaasa iddoo qorannichaatti shamarran yoo dhaqna qabachuu baatte qodaa cabsiti jedhama. Hawaasa iddoo qorannichaarraa akka hubatametti durbi dhaqna hin qabanne gaafa guddattee mana durbaa guuttu fedhiin saalquunnamtiishee kan warra dhaqna qabatee caalaa dabala jedhanii yaadu.Kanaaf fedhii isheetti dhagahamuun

dogoggoruun gaahila dura saal-quunnamtii raawwattee aadaa cabsuufi yoo heerumte fedhiinshee humnaan ol ta'uun abbaa manaashee biratti carraa dhiira biraa bartee bultiishee diiguu qabaatti jedhanii waan amananiif shamarran dhaqna qabachuun jireenyashee tasgabbiidhaan gaggeeffachuu keessatti iddoo olaanaa qaba jedhamee yaadama jechuun ibsaniiru.

Yaada odimtoota kanaarraa wanti hubatamu fedhii saala ofii adabachuu dadhabanii gaahila dura walquunnamtii raawwachuuniifi erga heerumanii abbaa manaa biratti dhiira kan biraa waliin sagaagaluun hawaasummaa keessaa kan nama baasu ta'uu isaati. Inni kan biraan ammoo hubannoo hawaasichi uumamaan qabuun wanti miira fedhii saalaa shamarranii kakaasu kutaa qaama saalaa yeroo dhaqna qaban irraa muranii gatan ta'uusaati. Kanaaf, rakkoon fedhii saalaa humnaan ol ta'e karaa warra dhalaatiin uumamee hawaasummaan uummatichaa akka balaarra hin buuneef dhaqna qabaan filatamaa ta'uusaa nama hubachiisa.

Weedduu arrabsoo kana keessatti akkuma obboleettiin misirrichaa arrabsamtu obboleessisaas akka itti aanutti ni arabsama.

*Obboolessikoo Yoo mana yaabee*
*Guutuu hinhankaakuu*
*Obbolessikee yoohaadha yaabe*
*Gayyaa hinhankaakuu*
*Gayyaanuu beektii soqoltee eegdii*

walaloo Weedduu arrabsoo kana keessatti obboleessa misirrittii jajuun obboleessa misirrichaa ceepha'u. Weedduu kanaan gareen misirrittii obboleessishee kabaja kan qabuufi Obboleessi misirrichaa sagaagaltuu hawaasa keessatti kabaja hin qabnedha jedhanii qeequ Akka aadaa hawaasa naannichaatti namni mana ijaaru nama kabaja qabuufi hawaasa keessatti fudhatama qabudha. Nyaanniifi barcumnisaa kabaja addaa qaba. Kanaaf, obboleessishee hawaasa keessatti kabajaafi hojiisaatiin jaallatamaa akka ta'e ibsiti. Kunis maatiin gurbaa fuudhu sanaa naamusaafi kabajaan akka misirrittii simataniif dhaamsa dabarsuusaa odimtootarraa hubatameera. Ergaa weedduu arrabsoo kanarraas wanti hubatamu sagaagalummaaniifi amalli badaan hawaasummaa waan diiguuf namni kamuu safuu hawaasaa akka kabajuufi kan hubatamu safuu, ogummaa, jaalalaafi naamusa horachuun jiruufi jireenyasaa akka gaggeeffatu dhaloota barsiisuu keessatti shoora olaanaa qaba.

*Ijaajjii gabaa Dhaabii qanxabaa*
*Wayyoo ya soddee manjuufee jaraa*
*Ijaajjitti hagaa dhaabitti alba'aa*

Walaloo weedduu arrabsoo kana keessatti gurbaan fuudhuuf qophiirra jiru qorqalbiidhaan waan hin bilchaanneef icciitiidhaan jiruuf jireenyasaa gaggeeffachuu kan beekne akka ta'edha.

Gostisaas manjuufee yookiin warra jireenyasaaniitti gatii hinqabne, kan maayii hin baafne akka ta'an ibsani. Akka aadaa hawaasa naannichaatti soddaan kabajamaadha. Deemsi faanasaafi dubbannaan afaansa madaala qaba. Kanaaf, weedduun arrabsoo kun misirrichi icciitiisaa eeggachuu, jiruuf jireenyasaaf dantaa kennuun abbaa manaa gaarii warri misirrichaa mudaa walaloo weedduu arrabsoo keessatti jedhameen kana qabaatanii osoo hin taane gurbaan fuudhu nama bultiisaa qabachuu dandahuufi madaala namummaasaa eeggatee hawaasa keessatti kabajaan akka jiraatuuf ergaa dabarsuuf yaadamee kan weeddifamedha.

Yaada qorannoo kanaarraa wanti hubatamu hawaasa jiraatan keessatti madaala ofii eeggachuu dhabuun, akka hinmalle odeessuun, iddoo namaaf hinmalle dhaabbachuuniifi jireenya ofii icciitiidhaan qabachuu dadhabuun hawaasummaa keessatti kan gadi nama buusudha. Kanaaf namni kamuu hawaasa ofii keessatti madaala ofii eeggatanii safuufi safeeffataan yoo socho'an jaallatamummaan uummata ofii keessatti argatan dabalaa kan deemu ta'uusaati.

*Aayyoon haatikoo*
*Yoo faarsoo naqxee*
*Gaanii lollaatii*
*Wayyoo yasoddee*
*Aayyoon haatikee*
*Yooqooran dhaqxee*
*Gaanaa barbaaddii*
*Gaanuma keessaa*
*Gaana jaldeessaa*

Weedduu arrabsoo kana keessatti harmee misirrittii jajachuun haadha gurbaa fuudhuu ammoo yaada tuffiifi gadaantummaa ofkeessaa qabuun qeeqani. Ragaalee odeefkennitootarraa fudhatame akka ibsutti, aadaa hawaasa naannichaatiin biqilli iddoo olaanaa qaba. gaa'illi biqilaan ilaalama. Ayyaanniifi ayyaantummaan biqilaan eebbifamee qajeela. Dubartiin biqila naquu hin beekne akka ulaagaa dubartummaa hin guunnetti ilaalamti. Haati tokko hintallishee gaafa heerumtu bakka dhaqxutti akka hin ceepha'amneef ogummaa adda addaafi kaamettummaa akka gaariitti barsiifti. Weedduun arrabsoo armaan olii kunis haati misirrittii dubrtii kaamettii, safu qabeettiifi beektuu ta'uusheefi misirrittiin ogummaa haadahsheerraa horatteen kaamettii akka taate ibsachuusatani.

Faallaadhuma kanaatiin haati misirrichaa boosettii, dubartii hawaasa keessatti safuu hin beekne, kan qoraan funaanuu daheeffattee saal-quunnamtii barbaaddu akka taate qeequ. Yaanni weedduu arrabsoo kun kan inni nama hubachiisu haati misirrichaa amala akkasii qabaattee osoo hin taane halalummaan yookiin sagaagalummaan safuu uummataa waan cabsuuf hawaasummaa keessaa nama baasa.

Kana malees, ogummaa gaarii horatanii kaamettii ta'uu, aadaafi safuu hawaasaa kabajanii deemuun jiruuf jirenya ofiif xiyyeffannoo kennuun hawaasa ofii keessatti kabajaafi aantummaa kan namaaf kennu ta'uusaa nama hubachiisa.

#### 3.1.1.1. Weedduu Arrabsoo Yommuu Misirrichi Dhaqu Weeddifamu.

Weedduun arrabsoo guyyaa Adeemsa hundumaa keessa darbamee guyyyaan fuudhaafi heerumaa yommuu dhufu gammachuun maatii misirroota lamaanii dabalaa deema. Odimtoonni marii garee keessatti yaadasaanii qorattootaaf ibsaniin, dhufaatiin Guyyaa cidhaa akkuma gammachuu qabu shakkiifi yaaddoonis iddoo lamanittuu ni jira.Yaaddoon maatii gama lamaanii bira jiru dhimma warri misirrittii hintalasaanii oofkaltiidhaan kennuufi warri gurbaa fuudhuu ammoo misirrichi nagaadhaan fudhatee galuuti.Akka aadaa hawaasichaatti Gaahelli oofkaltii qaba jedhamee waan amanamuuf hamaamonni dhufuu turraan maatii misirrittiif yaaddoodha.Dhufanii yoo galuu turan ammoo maatii warra misirrichaa biratti yaaddoo guddaadha.Kanaaf Misirrittiifi hiriyoonnishees weedduu arrabsootiin quuqqaa garaasaanii ibsatu.

*Amaamotee ija lamee*
*Anoo eegeen sidhabee*
*Golfaaf jeejeetu*
*Karaatti eegee siharee?*

Weedduu arrabsoo kana keessatti hamaamonni kan dhufaatii turaniif rakkoon beelaafi dhukkuba golfaa akka isaan mudachuu hin oolle ibsani. Qorattoonni iddoo cidhaa kana deemuun yommuu daawwatanitti dhufaatii hamaamotaa tilmaamuun walitti dacha'anii fuulleetti achi ilaalaa guyyaafachuu dhufaatii misirrichaa weedduudhaaan himani. Kunis, gostiifi horteen misirrichaa qotanii dilbii waan hin qabneef beelaaf asgahuu dadhabani jedhaniin. Inni lammataa ammoo tarii dhukkuba golfaatu karaatti isaan fixe jedhanii qeeqasaanii ibsatani. Ergaan yaada weedduu kanarraa hubatamu jabaatanii hojjetachuun rakkoo hiyyummaafi dhukkubaa jala akka dandamataniif akkasumas bultii ofiitti gammadaa akka ta'an nama hubachiisa. Inni kan biraan dhimmi gaahilaa yeroon xumuramuun isaa hawaasa gama lamaanuu biratti milkaayina waan qabuuf yeroon oofkalanii akka galan gorsuuf iddoo olaanaa qaba.

*Bakkanniisa jiidhaa muruu*
*Isinii yaa warra wangoo*
*Warri awwaala diigaa bulu*

Walaloo weedduu arrabsoo kana keessatti maatii gurbaa fuudhuufi bineensa wangoo jedhamtu walfakkeessanii qeequ. Wangoon bineensa waliin jireenya hawaasaarraa hariiroo hinqabneefi daggalatti galtee jiraattudha.

Arrabsoo kanaan maatiin misirrichaa warra du'aa boollaa baasee nyaattutti fakkeessanii arrabsu. Odimtoonni afgaaffii isaaniif taasifameen akka ibsanitti gosti gurbaa fuudhuu dhuguma amala nama nyaachuu qabaatanii osoo hin ta'in fudhatamummaafi jireenya hawaasummaa uummatasaanii keessatti qaban qeequuf kan weeddifamudha jechuun ibsaniiru.

Yaanni odimtoota kanarraa argame kan inni nama hubachiisu namni jireenya hawaasummaa hin beekne akka bineensaa amala namarraa dheessuu horata. Waliin jireenya uummataa keessaa qofa galeessa ta'a. Gorsi kunis maatiin misirrichaa hawaasummaa naannoosaanii waliin qaban cimsanii akka itti fufaniifi hanqinoota kanaan dura jiru akka sirreeffataniif akeeka. Kanaaf weedduu kanaan hawaasaa wajjin walitti dhufeenya gaarii horatanii jireenya ofii gaggeeffachuun barbaaachisaa ta'uusaa ergaa dabarsu. Haaluma kanaan weedduun arrabsoo dhiyaate kun guddinni hawaasummaa uummatichaa akka dabalaa deemu dhaloota itti aanu qaruu keessatti faayidaa guddaa akka qabu namatti agarsiisa.

*Yaasandaabee baddaa*
*Eessa abbaakee dhaqxaa soddee*
*Har'a albaatee hartaa*

Walaloon weedduu arrabsoo dhiyaate kun misirrichi yommuu hintala fudhachuuf dhaqu akka reebamu akeekkachiisa. Odimtoonni filataman yaadasaanii qorattootaaf ibsaniin akka aadaa hawaasa naannichaatti soddaan ni kabajama.

Keessummummaan isaa ulfina qaba. Kaayyoon weedduu arrabsoo dhiyaate kanaa dhuguma gurbaa fuudhaaf dhaqe reebuu osoo hintaane ulaagaa akka aadaa hawaasichaatti isarraa barbaachisu guutuu akka qabu akeekkachiisuuf kan weeddifamudha jechuun ibsani. Yaada odimtootaa kanarraa wanti hubatamu carraaqqiin jireenya ofii guddifachuuf osoo hin fuudhin taasisan guyyaa fuudhaa kabaja kan namatti horuufi qaanii hawaasaa jalaa kan nama baraaru ta'uusaa nama hubachiisa.Kana malees qophii fuudhaafi heerumaa keessatti aadaa uummatichaa guutuu dadhabuun waan nama salphisuuf dursanii ofqopheessuun dandeettiin hawaasummaafi bultiin ofii amanamummaa akka qabaatu taasisuusaa dhaloota barsiisa.

### 3.1.1.2. Weedduu Arrabsoo Yeroo Misirroota Walitti Eebbisan Weeddifamu.

Akka qorattoonni saganticharratti argamuun daawwatanitti Guyyaa cidhaa misirroon fuudhaaf dhaqu dirqama isarraa barbaadamu karaa giddu deemtummaa waayila gurbaa, jaarsolii eebbaafi miinjoliin maatii misirrittii waliin taasisaniin akka qajeelu hubataniiru. Akka daawwannaa kanarraa hubatanitti aadaa hawaasichaa biratti qophiin ulaagaa ulaagaa

guuchisanii misirroota walitti eebbisuuf taasisan tartiiba mataasaa qaba. adeemsa jiru kana misirrichaafi yaada maatii misirrittii bakka tokkotti walitti dhiyeessuun kan dhimmicha xumursiisan waayila gurbaa, miinjoliifi jaarsolii garee maatii misirrichaaf filatamanidha. Haalli jiru erga xumuramee booda nyaataafi dhugaatiin adda addaa dhiyaatee jaarsoliin eebbaa akkasumas haatiifi abbaan hintalaa misirroota walitti eebbisu. Misirroonni lamaan walitti eebbifamanii dhangaa eebbaa soorachuu akkuma jalqabaniin Shamarran misirricha garaa gubuufi aarii garaasaanii bahuuf akka itti aanu kanatti arrabsuu eegaluu isaaniitu daawwatame.

*Utubaa daannisaa*
*Soddeenoo midhaaniif dhufee*
*Hudumaa nyaachisaa*

Walaloo weedduu arrabsoo dhiyaate kana kessatti gurbaan fuudhaaf dhaqe hiyyeessa manasaaniitii waan nyaatu hin qabne ta’uu akeeka. Qorattoonni weedduu daawwatan kana ilaalchisee maaliif akka jedhamu odimtoota filatamaniiif marii gareefi afgaaffii taasisee yaada walfakkaatuun ragaa kennaniin weedduun jedhame misirrichi dhuguma nama qoonqoosaaf jarjaru osoo hintaane madaala soddummaa ibsuuf weeddifama. Keessumattuu soddaan qeerrummaadhaan misirrittii fuudhe (soddaan kallachaa) xiyyeeffannoo guddaadhaan waan hordofamuuf adeemsasaa hunda keessatti ofto’achuun barbaaachisaadha.Inni kan biraan ammoo misirrichi hiriyaasaanii waliin gargar baasee akkuma isaan aarse innis weedduu arrabsoo kanaan garaansaa akka gubatu itti yaadamee kan raawwatamudha.

Ragaan qorannoo kanarraa argame kanarraa wanti hubatamu, akka aadaa hawaasa naannichaatti misirroon qeerrummaadhaan durba qarree naqatee fuudhe soddaa kallachaa jedhama. Soddaan kallachaa ulfinaafi kabaja addaatu godhamaafi. Manni warra soddaas isaaf ulfina, nisafeeffata, nikabaja. Mana warra soddaatti madaala dubbannaa, deemsaa faana namaa akkasumas naamusa nyaataafi dhugaatii namaatu ilaalama. Akkuma Oromoon qoonqoo jarjartuun hiriyaa hinqabdu jedhee mammaaku misirrichi mana warra soddaatti ofqabuu dhiisee kabaja isaaf maluun ala sochii adda addaa yoo taasise hawaasummaan isaa laafaa ta’a. kabaja isaaf malutu gadi bu’a. Kanaaf, weedduun arrabsoo dhiyaate namni kamuu adeemsa sochiisaafi waan hundaan madaala ofii eeggatanii socho’uun akka kabaja namatti horu dhaloota barsiisuu keessatti gahee guddaa qaba.

*Baala abiraangoo baqaqsitee*
*Maaf akkana nyaatta yaasoddee*
*Abbaa bicinqaarroo bacaqsitee*

Walaloon weedduu arrabsoo kun nyaata misirrichaaf dhiyaateefi raammoo kan

fakkeessudha. Od-himtonni qorannichaa akka ibsanitti nyaanni misirrichaa dhuguma kan raammoo waliin dhiyaateef osoo hin taane gara jabummaafi cimina misirrichaa madaaluun cinatti aarii isarraa qaban weedduu arrabsootiin haaloo bahuuf kan raawwatamedha. Misirrichi nyaata raammoo qaba jedhameen sana garaansaa jibbee yookiin aariidhaan guutamee yoo lagate gara jabina dhiirummaa dhabuu, obsaafi bilchina ittiin jireenyasaa gaggeeffatu dhabuu, akkasumas kabaja inni warra soddaatiif qabu gadi bu'aa akka ta'e asirratti madaalama. Haala kana hundaa kabaja warra soddaa eegee xumuruunsaa obsaafi tasgabbiidhaan manasaa bulfachuu akka danda'u bakka kanatti ilaalama.

Weedduu kanarraa wanti hubatamu dhiirri tokko haadha manaasaa caalaa jabina qabaachuu qaba. Yommuu bultii dhaabbaturraa eegalee walitti qabaa qe'eeti. Itti gaafatamummaadhaan maatii gaggeessuun bilchina nama gaafata. Kanaaf, weedduun dhiyaate obsa, jabina, itti gaafatamummaa, murannoofi aadaa sabichaa kabajuun hawaasummaa ofii akka guddisu gochuu keessatti shoora olaanaa qabaachuusaa nama hubachiisa.

**3.1.1.3. Weedduu Arrabsoo Yeroo Misirroon Kennamuuf Qophooftu Weeddifamu.**

Weedduun arrabsoo misirroo kennuuf weeddifamu sagantichi gara xumuraatti adeemuusaa kan nama hubachiisu akka ta'e daawwannaa bakka cidhichaatti taasifameefi afgaaffii odimtootaarraa hubatameera. Akka daawwannaa kanarraa hubatanitti weedduun arrabsoo yeroo misirroon kennamuuf kaatu weeddifamu miira aariifi sochii jabaa kan qabudha. Hamaamotaaf ammoo gammachuu waan ta'eef bakka jiranii ka'anii qoqophaahu. Weeedduu kana keessattis haalli hundi xumuramee misirrittiin akka kennamuuf jettutu ifa baha.

*Hidda handoodeen gadi ciraa*
*Dhirsa addooyyee gadi fidaa*
*Babbaqaqseen ulaa goorroottan diraa*.

Walaloon weedduu arrabsoo kun gurbaa fuudhaaf dhaqe reebuuf osoo hin taane misirrittiin kennamuuf akka gadi baafamaa jirtu ibsuuf kan weeddifamedha.Arrabsoo kana keessatti shamarran kanaan dura misirrichi dhirsa addooyyee ta'uu hin danda'u jedhanii weeddisaa turan adeemsi jiru hundi xumuramee erga walitti eebbifamanii booda har'arraa eegalee dhirsa addooyyee ta'uusaa weedduu kanaan mirkaneessaniiru.Weedduun arrabsoo kun misirroonni walitti eebbifaman haadha manummaafi abbaa manummaasaanii waan mirkaneeffataniif misirrichi ulaagaa guutee fudhatee deemaa akka jiru hirmaattota cidhichaa hubachiisuuf kan weddifamedha.

akka itti aanu kanatti arrabsu.

*Akaayii bishaan gabatee*
*Soddeenoo ka'uu kakatee*

*Itti haraa haraa gabatee*
*Haka'uu afaan naqatee*

Weedduun kun misirroonni akka gaggeeffamaniif yommuu gadi baasuuf jedhan nuti hintala keenya laanneerra gurbaatu nyaata quufuu dadhabee gadi bahuu dide jedhanii qeequ. Weedduu arrabsoo kana keessatti soddaan nyaata quufuu dadhabee taa'aa waan jiruuf hambaa gabateerraa akka dabalaniif himani. Od-himtoonni filataman akka ibsanitti gabateen Mana warra soddaa kabaja qaba. Quufa malee beelli hin jiru. Gabatee soddaarraa nyaatanii osoo irratti hin hambisin duwwaa ol hin deebisani. Weedduun kunis weeddifameef misirrichi hintala fudhatee deemaa jirachuusaa dhaamsa dabarsuuf yaadameti. Ergaan weedduu kanaas misirroonni yeroodhaan yoo gaggeeffamuu baatanii aduun itti dhiye rakkoo adda addaatiif isaan saaxiluu mala. Haalli akkanaa ammoo walkomannaa fiduun hariiroo hawaasummaa gara fuula duraarratti dhiibbaa waan uumuuf walhubannaan yaadaa akka jiraatu gochuu keessatti faayidaa guddaa qabaachuusaa namatti mul'isa.

*Arraagessa koomee lulee*
*Soddeenoo as oolee bulee*
*Gadi taa'ee cidhaan qabatee*
*Ol ka'ee cichaa qabatee*
*Gadi bahuuf karaa ilaallataa*
*Alba'uuf afaa haadhataa*
*Akka waan handoodee dhugee*

Weedduu arrabsoo kana keessatti misirrichi dabeessa ta'uusaatiin tarkaanfii isarratti fudhatamu sodaatee gola taa'aa jira jechuun qeequ. Akka yaada odimtootaarraa argameetti jabinni abbaan warraa qabu haadha warraatiif haamilee jireenyasheeti. Ergaa dhokataan weedduu arrabsoo kanaas misirroon kennamtee gadi baafamaa akka jirtu hawaasa hubachiisuufi misirrichi qe'ee warra hintalaatti sodaan irraa mul'atee akka namni itti hin kolfineef ofcimsuu akka qabu onnachiisuuf kan weeddifamedha. Kanaaf weedduun arrabsoo dhiyaate kun jabina horachuufi walhubannaan hawaasni qabu akka guddatu gochuun dhaloota gorsuu keessatti shoora guddaa qabaachuusaa kan namatti mul'isudha.

*Maal addoonkoo durbaa*
*Dandeessaa gurbaa*
*lakkii hindandeessuu*
*Daboo itti kadhuu*
*Daboon bor galti*
*Booreen sitti haftii*

Walaloon weedduu kun misirrittiin nama kabaja durbummaashee eeggattee jirtuufi misirichi durbummaashee dandahee fudhachuusaa shakkii qaban ibsa. Dubartoonni odeeffannoof filataman hiika weedduu kanaa akka ibsanitti, simboon jaalalaafi kabaja misirroo durbummaa qabaachuusheeti. Kunis, safuufi safeeffannaa isheen hawaasa keessatti qabdu mul'isa. Misirroon durbummaa hinqabne hawaasa

keessatti kabajaafi jaalala hin qabdu. Ija hawaasaa hin guuttu. Misirrichis durbummaa fudhachuu yoodadhabe mallattoon dhiiga durbummaa maatii gama lamaaniitti agarsiifamu waan hin jirreef maatiinshee hintalaasaanii shakku. Maatii misirrichaa, hawaasa naannoofi misirrittii biratti ammo misirrichatu tuffatama.

Ergaan weedduu kanaa misirroon heeruma dhaqxu durbummaa dhabuuniifi yoo isheen durbummaa qabaatte ammoo gurbaan fuudhu durbummaa irraa fudhachuu dadhabee nama biraa itti waammachuun aadaa hawaasaatiin ala nama baasa. Kanaaf misirroonni lamaanuu qophii gahaa gochuun misirrittiin durbummaasheetiin heerumuufi misirrichi ammoo jabaatee durbummaa misirrittii fudhatee maqa badii jalaa akka isaan baraaru ergaa dabarsuuf kan gargaarudha.

### 3.1.2. Weedduu Arrabsoo Qehee Warra Misirrichaatti Arrabsamu.

Qophiin cidhaa akkuma warra hintala heerumtuu biratti taasifamaa ture mana warra misirrichaattis ni qophaa'a. Weeduun arrabsoo durbaas akkuma qe'ee misirrittii jala bultii cidhaarraa eegalee haala walfakkaatuun niweeddifama. Weedduu arrabsoo kanaan misirrittiifi maatiishee arrabsu. Arrabsoon kunis qeeqa, sirreeffamaafi madaallii misirroo qe'ee isaaniitti adeemtuuf qaban ittiin ibsachuuf kan adeemsifamu ta'uusaa ragaa himtoota iddoo qorannichaarraa hubatameera.

*Gatamaan baala harcaafate*
*Atii eessaa argattee yaa obboo*
*Gatamtuu jimmi irraanfate*

Weedduu Arrabsoo kana keessatti muka gatamaa dulloomee baallisaa harca'eefi misirroo heeruma dhuftu walbira qabanii ibsu.Akka yaada odimtoonni qorattootaaf ibsanitti, akkuma mukti dulloomaan firii gaarii godhatee boriif hin abdatamne hintalli heeruma dhuftu sunis nama umuriinshee heerumarra darbe, misirrichaan kan wal hin madaalle, haftuu heeruma dhabdee manatti hafte,kan hawaasichi wayeesheeyyuu irraanfate ta'uu qeequ.Akka argaa dhageettii hawaasichaatti shamarreen tokko kan osoo hinheerumin manatti haftu rakkoo hawaasummaa maatiinshee uummatasaanii keessatti qaban,gocha badaa hintalli sun hawaasa keessatti agarsiiftuufi abaarsi maatii, yookiin gosa isaanii yoo qaqqabe akka ta'etti amanama.

Akka yaada ragaa himtoota kanaatti shamarreen tokko Ogummaa, naamusaa, safuufi jaalala hawaasaa qabaannaan dhiimmi fokkisina bifasheetii gaahilaaf akka ishee hindaangessinetu hubatama. Kanaaf, weedduun kun misirrittiin heeruma dhaqxu hawaasashee keessatti eebba, jaalala, naamusaafi safuuf

safeeffannaa qabaannaan maatii misirrichaafi hawaasaa naannoo biratti akka muka baala qabuu gaaddisa, jaalala, simboo gaariifi kabaja hawaasummaa namaa akka guddisu ergaa dabarsuuf faayidaa guddaa qaba.

*Baddaa gammoojjiin jirbii gingilchaa*
*Maal fagaarrikee qambarrii fixee*
*Gindii liqimsaa*
*Nattuu hinhimimsaa.*
*Yaa miriixamee maaltu siifgamee*
*Isa siifgamee majiin cuqqaalii*
*majiin sidhiiksa ittuu sifiiksaa*

Weedduu kana keessatti misirrittiin durbummaashee gattee qaamni saalaashee walquunnamtii saalaatiin bal'achun gara deemtutti walquunnamtii saalaa kan barbaaddu ta'uu ibsani. Itti dabaluunis qaama saalaashee isheetti dhagaa majii cuqqaaluun adabattee akka gadi teessu dhaamani. Akka aadaa hawaasa aanaa Jimmaa Arjootti misirroo heerumaaf qophoofte ulaagaa kan guuchisiisuufi kabaja itti horu durbummaasheeti. Ergaan weedduu kanarraa hubatamu misirrittiin amala kana qabaattee osoo hin taane sagaagaluun hawaasummaa keessaa kan nama baasu ta'uusaati. Durbi qarreen safuu cabsitee heerumuun qaanii guddaadha. Guyyaa gaahilashee hawaasa keessatti salphinaafi ceephoof ishee saaxila. Abbaa warraashee, maatii gama lamaaniifi hawaasa naannootiin jibbamti. Weedduun arrabsoo cidharratti arrabsamus shamarran hawaasa naannichaa salphinni kun akka isaanitti hindhufneef aadaafi duudhaa hawaasichaa akka kabajan gorsuun dhalootaa dhalootatti dabarsuuf gahee olaanaa qaba.

#### 3.1.2.1. Weedduu Arrabsoo Yommuu Misirrichi Fuudhaaf Qajeelu Arrabsamu

Akka hawaasa iddoo qorannichaatti gaafa cidhaa matiin misirrichaa raawwii adda addaa raawwachuun misirroo fuudhaaf qophaaye gaggeessu. Shamarranis misirroon fuudhaaf deemaa jiruufi ulaagaa misirrittiirraa barbaachisu ilaalchisee weedduu arrabsootiin ergaa dabarfatu.

*Urgeessaa muruu dhaqnaa*
*Urgaayi hintalaa*
*Urgaahuu baannaan uleen lama*
*Urgeessaa lagaa*
*Urgaayi hintalaa*
*Urgaahuu baannaan*
*Nama shan waammattee*
*Harreerraa keewwattee*
*Sumatu geessaa dhaqaa*

Akka Weedduu arrabsoo kanaattii foolii urgeessaafi ulmaayii urgaa misirroo waliin walbira qabanii ibsani. Qorattoonni daawwannaa bakka cidhaatti taasisaniifi dubartoota odeeffannoof filataman waliin afagaaffii taasisanirraa akka ragaa argatanitti hawaasni Wallagga bahaa aanaa Jimmaa Arjoo

biqiloota uumamaa falaasamaa jireenyasaanii waliin walqabsiisuun sagantaa cidhaarratti itti dhimma bahan keessaa urgeessaafi ulmaayiin iddoo olaanaa qaba. Gaafa gurbaan fuudhu haatiifi abbaansaa laga bu'anii urgeessaafi ulmaayii jiidhaa muranii qomatti qaqqabachuun fidanii balbala manaafi kararratti suuqu. Kunis jiidhi qe'ee isaaniitti akka dhufuufi urgaa folii misirrittii wajjin hidhata qaba. Durbi kaamettiin bakka deemtu hundatti qulqullina addaafi urgaatu irraa nama simata jechuunis qorattootaaf ibsani.

Yaadni weedduu kanaas boosettii ta'uun hawaasa keessatti gadi nama buusa. Walii wajjin jireenya hawaasaa akka laafu taasisa. Kanaaf misirroon dhuftu ulaagaa misirrummaa guuttee, milkii gaariiniifi urgaa nama simatuun yoo heerumte kabajaafi simannaan isheen hawaasa keessatti argattu olaanaa ta'uusaa nama hubachiisa. Haalli weedduu arrabsoo kun dubartiin jireenyashee gaggeeffachuu keessatti kaamettii ta'uun hawaasummaa namaa daran kan guddisu ta'uusaa dhaloota itti aanu gorsuu keessatti gahee olaanaa qabaachuusaa nama hubachiisa.

*Hamaamotee lalii lalii*
*Ya obbookoo nagaan dhaqii*
*Nagaan galii*
*Miinjee dhiigaa cabii galii*

Miinjolii misirrichi kadhate guyyaa fuudhaa sanarraa eegalanii obboleettii misirrittiitti lakkaawamu. Mana warra hintalaa yommuu gahan akka obboleettiisaaniitti akka ilaalaniif kakatanii waadaa seenu.Weedduu arrabsoo kanaanis Guyyaa har'aarraa eegalee miinjoliin obbolaa misirrittii akka ta'an ibsani.Weedduun kunis miinjummaan fira cimaa ta'anii mirga shamarree maatii biraatti makamuuf deemtu mirgashee ittiin kabachiisan waadaa hidda dhalootaa caalaatti waliif birmatanidha.Weedduu kanaan shamarran miinjolii hintalaarraa jibba qabaatanii osoo hin taane guyyaa kanaa eegalee miinjoliin kun firooma hintalaatti makamuufi dhimmi misirrittiin walqabatu hundi kan isaan hirmaachisu ta'uusaa nama hubachiisa.

### 3.1.2.2. Arrabsoo Yommuu Gurbaan Misirrittii Fudhatee Dhufu Arrabsan

Akkuma warri hintalaa oofkaltiidhaan dhaquu misirrichaafi hamaamotaa eegaa turan warri gurbaa fuudhu sanaas hamma misirrichi hintala fudhatee milkii gaariin as deebi'ee manatti dhiyaatuutti karaa ilaalu. Qorattoonni dhimma kanaaf mana warra gurbaatti argamuun akka daawwatanitti aduun gara galgalaatti siqee sagaleen sirba hamaamotaa halaalaa dhaga'amu shamarran si'aayinaan dibbeesaanii fudhatanii weedduu arrabsoo jalqabani. Weedduu kanaanis akka itti aanutti misirrittii arrabsuu jalqabani.

*Hidda fiitii kalaalaa*
*Dhufte niitiin halaalaa*
*Kooraa keessaa*
*Akka reettii caraanaa*
*Sayyuunkoo reettii*
*Kosorruu dheeddii*
*Maal kosorruu dheeddii*
*Halaakaa deemtii*

Arrabsoo kana keessatti misirrittiifi reettii walfakkeessanii arrabsani. Hawaasa naannichaa biratti reettiin amala hinqabdujedhameetu amanama. Golgaan qaamashee olgalagalaadha. Kanaaf, akka hawaasa aanichaatti reettiin safuu hinqabdu soqolatteedha jedhama. Sagaleenshee gamaa gamanatti nama jeeqa. Soorata beeyladoonni sooratan keessaa reettiin mukeen sodaachisoo qoraattii qaban soorachuu jaallatti. Kanaaf amallishee beeyladoota biroorraa addadha. Weedduu kanaanis misirrittiin nama safuu hin beekne soqolattee akka reetti fakkeessuun arrabsu.

Ergaan arrabsoo kanaas misirrittiin amala kana qabaachuushee osoo hin ta'in aadaa hawaasa naannichaa keessatti shamarran sagalee guddaa baasuun, akka hin malle sagalee guddaan kolfuunifi kabaja wallaalanii nyaara haaddattee ta'uun hawaasummaa namaa kan balleessuufi naamusaafi safuu hawaasaatiin guddachuun bakka deemanitti kan nama kabachiisu ta'uusaa dhaloota qara.

*Bakkanniisa baangoo*
*Haftittii yaniitii gaangoo*
*Hinkennuu balbala abbaakoo*
*Gulummaan shaggariin bahee*
*Hinkennu balbala abbaakoo*
*Durbummaa farramiif malee.*

Oromoo biratti dubartiin beeyladaa wajjin ejjuun safuudha. Weedduu kana keessatti akka misirrittiin gaangoo waliin sagaagaltu fakkeessuun arrabsani. Durbummaa qabaaachuushee ofitti amanamummaa qabaattu malee karra akka olseenuu hin dandeenyes akeekkachiisuus isaanii daawwannaa bakka cidhaa aanichaatti gaggeeffamerraa hubatameera. Weedduu arrabsoo kanaan misirrittiin balbala olseenuu kan dandeessu miinjoliin itti gaafatamummaa fudhatan gatii balbalaa akka aadaa hawaasichaatti beekamu yoo obboleettii gurbaatti kennan qofaadha.

Weedduun arrabsoo balbala dhowwachuuf weeddifamu karri abbaasaanii gati qabeessa, ulfaataafi kabaja kan qabu ta'uusaa hubachiisuuf yaadamee kan raawwatamu akka ta'e daawwannaa bakka cidhichaatti taasifameefi yaada afgaaffiidhaan odimtootarraa argame waliin tumsuun hubachuun danda'ameera. Inni kan biraan ammoo misirroon heerumaaf dhaqxu durbummaa hin qabdu taanaan salphoo akka taateefi karra isaanii olseenuu akka hin dandeenye hubachiisuuf yaadamee kan gaggeeffamudha. Weedduun kun aadaafi safuu

hawaasaa cabsuun kan nama salphisuufi hawaasummaa keessaa kana nama baasu ta’uusaa nama hubachiisa.

*Baala geeshee kukummaa*
*Eda deessee*
*Rakkoo keesseen dhugumaa?*

Weedduun arrabsoo dhiyaate misirrittiin manatti deessee gattetti kan ibsudha. Akka aadaa hawaasa aanaa Jimmaa Ajootti durbi qarreen osoo hin heerumin aadaa cabsitee manatti ulfaahuun safuudha. Hawaasa waliin jiraatan keessaa nama baasa. Weedduun arrabsoo kun gaahilaan dura saalquunnamtii saalaa raawwatanii kabaja durbummaa ofii dhabuun guyyaa cidhaa salphinaaf kan nama saaxiluufi hawaasa keessatti haamilee namaa tuqudha. Kun ammoo hawaasa ofiitiin akka jibbaman nama taasisa. Kanaaf Weedduun arrabsoo dhiyaate durbi qarreen safuushee eeggattee heerumuun hawaasaan jaallatamummaa akka horattu dhaloota barsiisuuf kan gargaarudha.

### 3.1.2.3. Weedduu Arrabsoo Yeroo Misirrittiin Diinqa Dabartee Teessuu Arrabsan

Qorattoonni akka daawwatanitti ulaagaan gatii balbalaa xumuramee miiinjoliin misirrittii diinqatti dabarsanii bakka isheef qophaaye teessisani. Shamarran dura balbala dhorkachaa turan yommuu isheen balbala oldabartee teessu ammoo durbummaa qabaachuufi dhabuushee qeequuf arrabsoo itti fufani.

*Maaalmaal jettee boossi isheenoo*
*Yeroon manaa bahe*
*Anoo fuudheen bahee*
*Kooraa keessa ilaalaa*
*Jette obbookoo isheenoo*

Weedduu arrabsoo kana keessatti misirrittiin durbummaashee akka gatte qeeqani. Misirrichi yoo durbummaa irraa dhabe tarkaanfii waan irratti fudhatuuf gowwoomsitee jalaa bahuu akka hin dandeenye ergaa dabarsaniifi. Weedduun arrabsoo kun safuu cabsanii sagaagalummaa raawwachuun gaafa heerumaa watwaannaaafi gaabbii namatti fida. Kanaaf, weedduun dhiyaate durbummaan takkaa bannaan deebisuun waan hindanda’amneef aadaafi safuu hawaasichaa eeggatanii heerumuun hawaasummaa ofii akka guddisu barsiisuu keessatti shoora olaanaa qaba.

*Ani maalan godhee*
*Miinjeekootoo fixee*
*Karaa kooraa jalaa*
*Moccoree moccoree jettee boossi isheenoo*

Weedduu kana keessatti durbummaa misirrittii akka miinjeenshee irraa fudhate fakkeessanii arrabsani. Dhugummaan hiika weedduu kanaa miinjeen ishee wajjin sagaagalee osoo hin taane, akka aadaa hawaasa naannichaatti miinjee warri gurbaa hintalaaf kadhatan nama jaalala guddaa waliif qabaniifi gaddaaf

gammachuu keenyatti nubira dhaabbachu danda'a jedhanii amananidha. Miinjeen gaafa misirrichi fuudhaaf mana warra hintalaa deemu maatiinshee hintalasaanii bakka bu'ummaadhaan amananii itti kennu. Miinjoliinis akka obboleettiisaaniitti ilaalanii gaddaafi gammachuu isheetti bira dhaabbatu. Hanga misirrichi fudhatee galee ulaagaan haadha manummaafi abbaa manummaa raawwatutti weedduu arrabsoo shamarranii garee misirrichaatiin arrabsamu. Misirrittiin durbummaa yoo dhabdes obboleettiin keessan safuu hinqabdu jedhamuunis wajjumaan ceepha'amu.

Weedduun arrabsoo kun durbi qarree safuu gattee kabaja durbummaashee malee yoo heerumte gaafa mana warra gurbaaa geessu ishee qofa osoo hin taane miinjoliinshees duuka salphatu. Amantummaa irraa dhabuun miinjoliifi uummata naannichaa biratti hawaasummaashee laaffisa. Kanaaf weedduun kun kabaja durbummaa malee heerumuun nama hunda biratti amantummaa kan nama dhabsiisuufi jibbamuuf kan karaa saaqu ta'uusaatiin dhalootni boodaan dhufu haala kana hubatee safuu hawaasichaa eegee akka guddatu hubachiisa.

*Simbir xiixiin iyyitee*
*Uggum niitii mimmixee*
*Obboo seetee*
*Miinjee yaabdee iyyite*

Weedduu arrabsoo kanaan misirroon dhufte sun akka waan miirashee to'achuu hin dandeenyetti fakkeessuudha. Hanga misirrichi bira gahutti jarjartee abbaa manaashee itti fakkaatanii miinjolii ofitti kakaasaa jirti jechuun arrabsu. Ergaan arrabsoo kanaa misirrittiin dhuguma fedhii saalaaf jarjartee osoo hin taane durbi qarree dhangii gaahilaatti deemtu miirashee to'achuu dhabuu, safuufi duudhaa hawaasa naannichaa eeguu dhabuun aadaa uummatichaan ala baasee hawaasummaa namaa balleessuusaati. Kanaaf, weedduun arrabsoo durbaa umurii gaahilaatti adeemaa jiran weedduu kanarraa akka madda barnootaa ta'ee tajaajiluusaa qorannoo kanaan hubatameera.

### 3.1.2.4. Weedduu Arrabsoo Yeroo Misirrichi Rakoo Qalu Arrabsamu

Guyyaa cidhaa galgala hunduu nyaatee dhugee manasaatti gala. Kan bakkichatti hafu gosa, firaafi ollaa misirrichaati. Akka Odimtoonni iddoo qorannichaa ibsanitti galgala hunduu nyaatee dhugee, hojiin hundi xumuramee gurbaan fuudhe rakoo qalee seera haadha manummaaf abbaa manummaa akka guutan taasifamuuf hiilli mijeeffama. Namni hunduu manaa gadi baafamee misirroorraa sabbata mudhii hiikuun misirroota walquunnamsiisu. Hanga seerri kun raawwatee xumurutti shamarran weedduu arrabsootiin durbummaan jiraachuufi dhibuusaa shakkii qaban weedduudhaan ibsu.

*Baala geeshee shunkurtaa*
*Intalaa maaf ija murmurtaa*
*Yoo dhibeef maal itti hunkurta*

Weedduu arrabsoo kana keessatti hunkuroo farsoofi durbummaa walbira qabanii ibsani. Hunkuroon farsoo tokko kanaan dura dhugamee gara qallachuutti deemeera yoo ta'e daakuu kan biraa eeleerratti hunkuruun farsoo sanatti sukkuumanii amala farsummaa isaa duraatti akka inni deebi'uuf oola. Durbummaan garuuu altakkaa uumamasaa ganamaarraa adda baanaan bakkasaa duraatti deebisuuniifi itti hunkuranii fakkeessuunis hindanda'amu. Kanaaf weedduu arrabsoo kana keessatti yommuu misirrichi seera rakoo akka raawwatuuf itti gadhiifamu akka waan misirrittiin durbummaa gattee har'a naatee ija facaasaa jirtuutti qeequ. Arrabsoo kanaanis durbummaan yoo hinjiraanne amma lafti deebisanii waan hinjirreef rakkoo hawaaasummaa isheetti dhufu jalaa miliquun akka hindanda'amne ergaa dabarsa.

**3.2. Weedduu arrabsoo Durbaafi Guddina Dinagdee Hawaasaa**

Dinagdeen jiruu dhala namaati. Hojiiwwan dhalli namaa ittiin jiraachuuf dalagutu fedha waan jiraa/dhaloota lubbuun jiraatuu guuta. Iddattoonni iddoo qorannichaa yaada ibsaniin akka aadaa hawaasa Aanaa Jimmaa Arjootti dhalli namaa sadarkaa umuriinsaa isaaf eeyyamuun dhuunfaanis ta'ee gurmuudhaan dalagaa adda addaarratti bobba'ee dinagdee horata. Waan inni ijoollummaasaatiin horatetu yaada garaasaa bira akka gahuufi boqonnaa sammuu argatee aara galfiidhaan akka jiraatuuf isa akeeka. Itti dabaluunis dargaggeessi tokkos osoo hin fuudhin jabaatee hojjechuu baannaan salphina adda addaatiif akka saaxilamu ibsaniiru. Yaada odimtootaa kanarraa wanti hubatamu dinagdeen ijoollummaa eegalanii hanga bara dargaggummaatti itti dadhabanii horatan yommuu gulantaa bultii dhaabbannaarratti salphina hiyyummaa jalaa nama baasuusaati.

*Wayyaan ergisaa*
*Sirraa beeksisaa*
*Karrarrayyuu hin geessu*
*Kan lafa keessu.*

Walaloo weedduu arrabsoo kanaan misirrichi uffata ergifatee fuudha dhaquusaa ibsani. Kunis qeerrummaan horatee waan hinqabneef waan ittiin uffata misirroo hodhisiifatu dhabee namarraa ergifatee dhufe jechuun qeequ.Inni ati irraa ergifattee uffattee dhufte utuu ati addanaa galte karra hin gahin sirraa baafata jechuun salphinasaa itti himani.Weedduun kun misirrichi dhuguma kan wayyaa fuudhaa ergifatee dhaqe osoo hintaane namni hojii hin jaallanne kan callisee harka maratee taa'u jiruufi jireenyasaa gaggeeffachuu akka hin dandeenyeefi harka namaarraa kan jiraatu ta'uusaa nama hubachiisa.Uummata keessatti

kabaja isaaf malu hin argatu. Kanaaf, weedduun arrabsoo aadaa hojii jaallachuu babal'isuufi dinagdeen hawaasichaa akka guddatuu kaka'umsa uumuu keessatti iddoo guddaa qaba.

*Baalli waddeessaa lafa buutee*
*Dhageesseettaa yaasoddee*
*Gatiin balbalaa kuma guutee*
*Qarshii kumaaf waca fiddaa*
*Kottu siifan liqeessaa washaltichaa*

Walaloo weedduu arrabsoo kana keessatti yommuu misirrichi dhaqee balbalarra gahu gatiin balbalaa akka durii salphaa osoo hin taane akka olguddatee kuma guute itti himani. Kanaaf qabaattu kaffaladhu hin qabdu taanaan ammoo dubbii hin kaasiniitii nurraa liqeeffadhu jechuun hiyyummaasaa ciigoon arrabsu. Misirroon qabeenyi isaa ulaagaa kana guutuu hin dandeenye ni salphata. Weedduu arrabsoo kanarraa wanti hubatamu dhaloonni jabaatee hojii hin hojjenne bakka garaasaa gahuu hin danda'u. Bultiisaa gaggeffachuuf ni rakkata. Hawaasa naannoofi hiriyootasaa biratti salphina hiyyummaan mataansaa gadi caba. Kanaaf weedduun kun jabaatanii hojjechuun guddina dinagdee namaa bal'isuu, hawaasa keessatti kabaja kana namatti horuufi salphina hiyyummaa jalaa kan nama baasu ta'uusaa nama hubachiisa.

*Yaa soddee mataa qorqoddaa*
*Qabahoo jettee fokkoortaa*
*Fidikaa gatii kobbortaa*

Weedduu arrabsoo kana keessatti misirrichi waan hunda qaba jedhee kaffaluufi gatiin kobbortaa waan hafeef isas ofirraa xumuree guutuu ta'uunsaa madaalamaa deema. qabeenyi dalagaa adda addaa dhalli namaa jiraachuuf dabarsurraa argama. Akka Oromoo arfan jimmaatti ijoolleen ofii dinagdeedhaan akka cimtuuf tooftaalee adda addaa akka fayyadamaman odimtoonni iddoo qorannichaa ibsanii jiru. Akka yaada isaaniitti daa'imni tokko akkuma dhalateen yookiin dhalatteen maatiin kallattii adda addaatiin qabeenya isaaniirraa qooduuf. Tooftaa kana keessaa yeroo dhaqna qabaafi yeroo roggee irraa haadan gatii rogge buusii jedhanii jabbii oroogaa kennuuf.

Akkasumas yoommuu ijoolleen loon tiksuu jalqabdu jabaadhuutii tiksi bakkasaa sa'a kana siif laanneerraa jedhanii ijoollee jajjabeessu. Haamma guddatanitti loowwan kun nihoruufi. Yommuu umuriinsaa qotisaaf gahu ammoo hojii hojjechiifatanii maqaacoo jedhanii gosoota midhaan qotanirraa kan daanahoon hin nyaanne qotuufi. Dubaraafis akkuma isa dhiiraa waan isheef barbaachisu kennuuf. Haala kanaan horanii dhibba yaasanii qotanii dilbii kuusuun gara gaahela dhaabbannaatti seenu.

Weedduu arrabsoo shamarranii keessaatti namni fuudhaaf gahe osoo gara gaahelaatti hin dhufin dura maaltu akka isarraa barbaachisuufi hiyyeessi yookiin namni qabeenya hin horanne addooyyeesaanii fuudhee akka hin rakkifne weedduuwwan arrabsoo durbaa kanarraa baratama. Kanaaf Weedduun arrabsoo durbaa sirna fuudhaafi heerumaa hawaasni nanannichaa jabaatee dinagdee horachuun hiyyummaa jalaa akka bahanii bultii gaarii akka gaggeeffatan gochuu keessatti shoora olaanaa qaba.

## 4. Argannoofi Yaboo

### 4.1. Argannoo Qorannicha

Qorannoon kun xiinxala weedduu arrabsoo durba Oromoo sirna fuudhaafi heerumaa ijaarsa hawaasummaafi dinagdeerratti qabu aanaa Jimmaa Arjoo xiyyeeffachuun kan gaggeeffame yoo ta'u argannoowwan adda addaa bira gahamanii jiru.

- Qorannoo kanaan, weedduun arrabsoo shamarranii yeroo fuudhaafi heerumaa gaggeeffamu miidhagina sagantichaan cinatti daafi duudhaa sabichaa barsiisee dhalootatti dabarsuu keessatti shoora olaanaa kan qabuufi. maatii gama lamaanuu biratti guyyaa jala bultii cidhaarraa eegale hanga misirroonni walfuudhanii ulaagaa haadha manummaafi abbaa manummaa raawatanitti kan itti fufudha.

Weedduun arrabsoo durbaa bakka lamaanittuu gaggeeffamu garee ofii jajatanii haamilee walitti horuufi garee faallaa ammoo qeeqanii hanqina hawaasicha keessatti mul'atu sirreessuu, gorsuu, gammachuu cidhichaaf qabaniin bashannansiisuufi adeemsa jiruuf jireenyaa kan gara fuula duraa akeekuun dhaloota hubachiisuuf kan weeddifamudha. Weedduun arrabsoo durbaa guddina hawaasummaaafi dinagdee uummatichaa guddisuu keessatti shooraa olaanaa kan bahatudha. Hawaasummaa ilaalchisee akkaataa itti namni tokko safuu uumaafi uumamaa eegee jiraatu, uummataasaan jaallatamu, ollaasaa kabajee kabajamuufi naamusa inni hawaasa keessatti agarsiisu kan madaaludha.

- Akka aadaa hawaasa naannichaatti dargaggeessiifi durbi qarreen osoo gulantaa bultii dhaabbannaatti hin ce'in dura aadaafi duudhaa sabichaa eeggatanii guddachuun milkaayina gaahilasaaniitiif murteessaa ta'uusaa qorannoo kanaan adda baafameera.Kunis walitti dhufeenyi hawaasa naannoofi biyyaa akka cimuuf qofa galeessa arrabsuun arjaafi isa jaalaala namaa qabu faarsuun adeemsi qofa galeessichaa toora hawaasummaa isa sirriitti akka deebi'uuf gorsa guddaa laata.Weedduun arrabsoo durbaa heera uumaafi uumamaa kabajanii safuu ofii eeggachuu, akkaataa itti jaalalaafi hawaasummaa gaariidhaan waljala yaa'an hubachiisuu,

dandeettii bulchiinsaa barsiisuu, akkaataa itti obsaan wal waldanda'aniifi hawaasummaadhaan dhalootaa ofitti amanamummaa qabu horachuuf kan fayyadudha.

- Weedduun arrabsoo durbaa nama hojii jaallatu jajee kan hinjaallanne tuffachuun dhaloota dinagdeen badhaadhe horachuu keessatti faayidaa guddaa akka qabutu qorannoo kanaan hubatame. Haaluma kanaan namni tokko osoo gaahilatti hin seenin dura ofdandahee dhaabbachuuf dinagdeen lafee dugdaasaa ta'uu kan barsiisudha. Kanaaf misirroon cidha godhate tokkoofi maatiin isaa nama hojii jaallatu, yaasee bobbaasee, qotee dilbii galchu ta'uunsaa akkasumas warra hojii hin jaallanne kan gumbiifi gombisaan onee gadadoodhaan jiraatu ta'uunsaa gaafa fuudhaafi heerumaa weedduu arrabsoo durbaa keessatti ifa bahee mul'ata.

- Weedduu kana keessatti isa humnasaa galaasee qotee dilbii hin galchineefi hore dhibba hin dachaafne arrabsanii mataa gadi cabsuun abbaa looniifi abbaa dilbii faarsanii jajjabeessu. Kanaaf, qaanii hiyyuummaa jalaa bahuudhaaf hawaasni naannichaa ijoolleesaatiif xiqqummaa isaaniirraa jalqabee madda dinagdee tolchaa deemuun dirqama akka ta'e qorannoo kanaan hubatameera.

### 4.2. Yaboo Qorannichaa

Weedduun arrabsoo durbaa yeroo fuudhaafi heerumaa iddoo qorannichaa hawaasa naannootiif faayidaa hedduu qaba. Dhaloonni aadaafi duudhaa sabasaa kabajee guddachuun cinatti guddina hawaas-dinagdee sabichaaf shoora olaanaa qaba. kanuma bu'uura godhachuun aadaan weedduu arrabsoo durbaa akka bakkatti deebi'uuf dhaabbileen dhimma aadaa hawaasaarratti hojjetan kanneen akka Waajjira aadaafi Tuurizimii, dhaabbilee qorannoo Oromoofi Yuunivarsiitonni adda addaa tumsa gochuun barbaachisaadha jennee abdanna.

Akkasumas mootumman baajata dhimma haaromsa aadaa hawaasaaf barbaachisu kana xiyyeeffannoon ramaduun qaamota dhimma kanarratti hojjetaniif haamileefi kaka'umsa uumuun kan bu'aa qabatamaan akka mul'atu ni taasisa jennee amanna.

**Wabiilee**


Adi Bhat (2023). *Descriptive Research:* Definition, Characteristics and Methods (3rd ed.). New York: McGraw-Hill

Ankit kumar (2022) *Observational Method*: International Journal of Scientific Research; University of Delhi

Alemayehu Haile (2007). *Sirna Gadaa Siyaasa Oromoo Tuulamaa*. Maxxansa Dura, Finfinnee: Biiroo Aadaafi Tuuriizimii Oromiyaa.

Asaffaa Tafarraa (2009). *Eela, Seenaa Oguma Oromoo*: Finfinnee printing by Far East Trading.

Asmarom, Legese (2000). *Oromo democracy*: An indigenous African political system. Asmara: The Red Sea Press, Inc.

Bogdan.R.C. (1992). *The Qualitative Research for Education*: an introduction to theory and methods, Boston.

Bongephiwe Dlamini and Khayelihle Khumalo (2024). *Exploring Elements of Gender Stereotypes and Stereotyping in some Zulu Wedding Songs*: Department of African Languages and Culture: University of Zululand, Kwa Dlangezwa, South Africa.

Berg B.L. (2001). *Qualitative Research Methode for the Social scince*. (4th ed). London.

Beyene Feleke (2025). *Symbolism and Social Functions of Wedding Traditions in Hara*: A Processual Study in North Wollo Zone, Amhara Region, Ethiopia, Woldia University.

Bukenya A. (1994). *Understanding oral literature*. Narobi: Nairobi University Press.

Chaim Noy (2008). *Sampling Knowledge*: The Hermeneutics of Snowball Sampling in Qualitative Research, International Journal of Social Research Methodology.

Dafaa Jamoo (1974). *Aadaa Oromoo Wallaggaa*. Finfnnee: Mana Maxxansa Seenteraalii.

Daniela (2021). *The Cultural Impact of Music on Society with a Special Emphasis on Consumerism:* Volume 19. Sofia: Bulgarian Comparative Education Society

Datiyi Yakubu (2023). *Nigerian Ceremonies*: Berom Wedding.

Dirribii Damisse (2012). *Ilaalcha Oromoo:* Barroo Aadaa, Seenaafi Amantaa Oromoo: Mana Maxxnsaa Finfinee.

Fedhasaa Taaddasaa (2013). *Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo*. Finfinnee: Subi Printing press.

Fiixee Birrii (2006): *Seenaafi Aadaa Oromoo*. EESMY/Misrach Dimts.

Finnegan R. (1970). *Oral literature in Africa*. *Nairob.*

Gemechu Beyene (2006): *Marriege practices among the Gidda Oromoo of Wollega*, Ethiopia. Tuskege University.

Gemechu Kenea fi Surafel Adisu (2018). Destruction of Abbay Choman Oromo indigenous practice due to Gojjame

invasion, north east Wollega South of Abay River, Ethiopia (1870s-1882): Bule Hora University and Jimma Teachers Training College respectively, Oromiya, Ethiopia.

Hinseenee Makuriyaa (2010). Gaachana Kormaa, Addis Ababaa Printed by Far East Plc.

John, W. Creswell (2012). *Educational Research*: Planning, Conducting, and Evaluating Quantitative and Qualitative Research.

Maider Marana (2010). *Culture and development:* Evolution and prospects, working papers.

Maammoo Gadaa (2002). *Duudhaa*: Finfinnee

Magnus Öhlander (2018). *Observation method*: Stockholm University.

Martin Denscombe (2007). *The good research guide for small-scale social research projects*. (3rd ed.). New York: McGraw-Hill.

Martin Woods (2007) *Interviewing for Research*: The interview method is a conversation with a purpose, School of Health & Social Service, Massey University.

Misganu Gulummaa (2011). *Dilbii*: Bu'uura Afoolaa, Ogafaaniifi Afwalaloo Oromoo, Finfinne.

Mohajan Haradhan (2018) *Qualitative Research Methodology in Social Sciences and Related Subjects,* Premier University, Chittagong, Bangladesh.

Riddhima Singh (2019) *Sampling Procedure and Types of Sampling*: Nmims University,

Silverman, David (2006). *Interpreting Qualitative Data (3rd Edition):* London, puplications

Sindew Asmare (2025). *Symbolism and Social Functions of Wedding Traditions in Hara:* A Processual Study in North Wollo Zone, Amhara Region, Ethiopia, Woldia University.

Sherif Girgis, Robert P. George & R yan T. Anderson (2008). *What Is Marriage*? Princeton University Princeton University and University of Notre Dame. Respetively.

Stefen Cliff (2008). *Singing and Health*: Asystematic Mapping and Review Non-Clinical Research, Cunterbury Christ Church University.

Tesfaayee Bayyanaa, Darajjee Fufaa (PhD)fi Magarsaa Dhinsaa (PhD) (2026): Xiinxala Yoomessaafi Ergaawwan Sirboota Gundoo Booree Oromoo Jaawwii Maccaa: Gadaa Journal/Barruulee Gadaa Vol. 9 No. 1, Jimma University.

Waaqjiraa Lammeessaa (2011). *Qaaccessa Weedduu Arrabsoo Sirna Fuudhaafi Heerumaa Oromoo Wallagga Lixaa Aanaa Jaarsoo Ija Yaaxxina Caasaan:* Yuunivarsitii A. Ababaa

Waldaa Aadaafi Duudhaa Oromoo (2006) *Daaniyaa*: Finfinnee.